


IMALAKOOTI

NASRU MIKA'IL



<https://nasrumikail.news.blog>

<https://nasrumikail.wordpress.com>

<https://Nasrumikail.wordpress.com>

KUFEERA GAARUU ACHITTI HIN HAFNE.
DU'EERA GARUU LUBBUUN NAKEESSAA HIN BAANE
Beela'eera garuu guyyaa tokkof beela hin komanne
Dhiitameera kabalmeera garuu haloo bahuuf daqiiqaaf hin yaanne.
Maaliif seete.....kitaabicha keessa ballinaan ni argattu...

<https://nasrumikail.news.blog>

IMALAKOOTI

NASRU MIKA'IL

*NASRU MIKAIL KASIM ani dhalataa Ethiopia naannoo oromiyaa godina harargee
bahaa aanaa meettaa araddaa Odaa Waltahaa Ganda funyaan soolomoo
jedhamutti bara 1995 ALH (manually) abbaa koo Obbo mikail kasim fi haadha too
Aadde Aaminaa Aammee kan jedhaman iraa.*

Bakki dhaloota koo dhiheenya magaalaarraa akkaan fagoo waan taheef miilaan magaalaa bahuuf 4-5 kan fudhatudha keesattuu namoonni gabayaa deemuuf subii obboroon akkaa deeman waan gaafa joollummaa kootiin niin yaadadha .

yeroo umriin koo waggaa shan gahu naannoo 1999 manni Barumsaa sadarkaa duraa ollaa keenyatti eegalu kutaa tokko eegalee bara 2000 tti barumsa osoon fedhuu maatiin barnoota amantaa akkaan baradhu waan barbaadaniif gara nama barnoota amantaa barsiisu nama shekh Muktar jedhamu noonnoo aanaa qarsaa gillaaddee naannoo jedhamutti nageessan namni kuni iddoo tokkotti taa'ee kan barsiisu osoo hin taane iddoo gara iddoo biraatti sosocho'aa barnoota nama barsiisudha yeroo kanatti ani nama qola (ansumaa) muradhee guyyaa sadih kan hin guunneedha kanin jala na qajeelchan .

Imala gara Aanaa dadar naannoo soqaa jedhamu ganda gogowwisaa jedhamutti taasise

Imalli kuni imala miilaan guyyaa tokkoofi walakkaa tahu waan taheef gaarafi laggeen buutee baatee kan dadhabbii fi ifaajee hamaa keessa deemamu namni karaa kana beeku dhugaa isaa ni amana earga walakkaa waggaa achi ture yaada maatiifi haala jireenyaa waan natti hin toliniif shekh muktar Kani maatiin jala na qajeelchan biraa badee gara maatii gale.

mudannoo turtii gogowwisaa

Guyyaa tokko saahiba kiyya waliin qaraanu nafuudhe gara magaala soqaa jedhamtu laga keessa kantaatefi gaara lama giddutti kan argamtu fuudhee naan deeme sana dura fi sana bodas dhaqee hinbeeku guyyaa sana gara mana nyaataa nafudhate ani yeroo sana birrii waan tokkollee hin qabu isaatu naan deema waantaheef akkuma inni nuhundarraa kafaluutti waliin sene nyaannee erga raawwannee booda asumatti na eegi niin deebi'aa naan jedhe lixe yeroo dheeraa isa eegee dhabe warri mana nyaataa maallaqa kafali ykn uffata kee fudhatama naan jedhan ani uffata gaabii (ansoolaa) jedhamu kaniin uffadhee deemuun harkaa qaba san narraa fuudhanii osoon boohuu joolleen Nuti waliin barannu natti dhufanii naaf kadhatanii irraa naafuudhan erga maallaqa nyaataa walakkaa kafalanii booda akkasitti gara iddoo jiraannuutti waliin galle.

Ergaan qaraatiirraa badee gale abbaan kiyya hedduu waan qaraatii fedhuuf naan lolee guyya tokko ganama bariisaa akkumaan hirriibaa ka'een qullaa anaa fincanuuf gad bahe ulee washeetiin na reebbee duraa fiigee inninis Najala fiigee hamma naqabee natumutti najalaan Hafne erga guyyaa sanaatii lammaffaa garumaan irraa dhufetti nadeebisan xiqqoo ture lammaffaa badee gale bara 2001 keessa ergaan xiqqoo maatii waliin ture ammas barnootaaf gara naannoo Haramaya jedhamtu kan Adeerri kiyya jiraatu akka nageessan murteessan walii gallee garas nageessan.

Imala gara Haramaya

Bara 2001 ALI obboleessi kiyya guddaan na fuudhee gara iddoo wasiilli kiyya jiru Aanaa haramaya araddaa ifaa oromiyaa Ganda wasiilli kiyya jiraatu Ganda badhasoo nageesse.

Jireenyi Kiyaa Haramaya kuni kaniin joollummaarraa kaasee hamma dargagummaa itti jiraachaa jiru keessa kaniin ilaalcha, yaada, bu'uura jireenyaa hedduu itti baree fi Jireenyi maal akka tahe itti hubadhe asumatti ture.

Gabaabumatti seenaa gaaris tahee haala jireenyaa keessatti bu'aa bahii hedduu kaniin itti dabarse waggaa kudha torbaa ol asumattiin dabarse.

SEENAA BARNOOTAA

Barnoota kaniin tokko jedhee eegale asumatti kutaa tokkorraa eegalee hamma sadarkaa ol aanaa (University) tti asuma wasiila ykn Adeera kiyya kaniin akkaan jaaladhuu akkasumas maatiin waliin guddadhe obboleeyyan kiyyaa Haadha biddeenaa koo kaniin akkaan mararfadhu Adde Iftu Abdullaa Umar galata namni hammana jedhee hin ibsene afaaniin dubbachuuf jechaan natti xiqqaata dhugaa dubbachuuf Haadha manaa Adeera kiyyaa kan taate Adde Iftu Abdullaa Umar nama bu'aa bahii hedduu keessatti osoo dadhabe hin jedhin akkuma ilmoo isiitti waan anaaf barbaachisu hundaan hammaan barnoota koo sadarkaan ammaantana irra jiruutti nagargaaraa waaniin barbaadu hundaan nacinaa dhaabbataa jirtu Jaalala fi kabajaan qabuuf dubbadhe hin fixu.

©Adeerri koo akkaan bakkaan amma irra jiru kana gahuuf dadhabbiin isaan keessa hin darbin hin jiru keessattuu barnoota korratti cimee akkaan baradhuu fi hamileenkoo akka hin buuneef gannaafi bona, aduufi qorraas, osoo dadhabe hin jedhin akkuma ilmoo Ofii dhalaniitti kan kunuunsa naaf godhaa Asiin nagahan jaalalli an isaaniif qabu hamma kan hin jedhamneedha.

Walumaa galatti obboleeyyan kiyya kaniin waliin guddadhe kanin akka obboleeyyan garaa Haadha takkootii bahaniitti waliin jiraachaa jirru jaalalaafi kabajaan isaaniif qabu ibsuuf jechi natti xiqqaata.

Galata Addaa

Galanni koo namootan lakkaahee dubbadhe kaniin hin dubbatin kanneen jireenya gaddaafi gammachuu waliin dabarsine hedduun maqaa kaniin hin tuqin baayyeedha keessattuu namoonni nacinaa dhaabbataa turaniifi tokko lama jedhee kaniin maqaa isaanii hin Kaasin jaalalafi kabajaan isaaniif qabu dachaadha.

Keessattuu kaniin akkaan mararfadhu Obbolummaa rabbii jecha kaniin akkaan jaaladhu Obbo Maaruf shekh Abdulkarim Baallaa nama osoo kun fira kiyya kun naan hin malu jedhee nama gargar hinqoonne hundi namaa isa biratti kabajaafi jaalala walqixaan laalamu nama kennaa rabbiin isaaf kenne obboleessa duuba hin kaayanne nama jechaan ibsuun hin danda'amne dhugumatti jaalalli ani isaaf qabu dachaa dachaan ibsuun barbaada.

Namoonni an maqaa osoon hin dubbatin hafan baayyee akka tahan nan beeka hunda isaaniituu kabajaafi jaalalli an isaaniif qabu guddaadha.

Walumaa galatti Jireenya koo kan Haramayaa anaaf addaadha jiruu kiyya keessatti kaniin hin irraanfanneefi hin daganne Guutummaa jireenya kiyyaa kaniin itti hubadheefi addunyaan maal akka taate kaniin itti

bareedha.

Seenaa koo hamma tokko kana keessatti argitanii jirtu

Yeroo dubbisaa gaarii isiniif hawwa.

Boqonnaa tokko
Hawwiin namaa dhuma hinqabu.

□ Hawwiin namaa dhuma hinqabu. Yoo abbaan daangaa itti gochuu baate qilleensa abootaa nama hambisa. Isa qabdutti gammaduu dadhabdee isa hinqabne utuu ariituu hafta. Of ta'uu dhiiftee akka abaluu ta'uuf joorta. Jireenyi akkasii joormaadha.

□ Seenaatokkon sitti hima...

□ Namicha tokkotu ture. Dhagaa soofa. Sun hojii isaati. Garuu hojii isaa kana hinjaallatu. Itti gammadee hinbeeku. Gaaf tokko dadhabee otoo hojiidhaa galaa jiruu mana daldalaa dureessa tokko bira ga'e. Dhaabbatee ilaale. Qabeenyawwan gati jabeeyyiifi barbaachisoo hedduu arge.

□ "Daldalaan kun nama jabaa akkamiiti? Maal ta'a otoon akka isaa ta'ee!" jedhee hawwe. Yoon daldalaa dureessa ta'e dhagaa soofuu inni dadhabsiisaan ni hafa. Jireenya gammachuun guuten jiraadha jedhee yaade.

□ Yeroo booda akkuma hawwe daldalaa ta'e. Itti milkaa'ee baay'ee duroome. Daldaltoonni isaan gad jiran ni jibban, itti inaaafan. Guyyaa tokko aanga'aan siyaasaa aangoo guddaa qabu konkolaataa baay'ee bareedaa yaabbatee, eegdotaan marfamee, otoo karaa sana darbuu arge. Gurguddoonni otoo hinhafiin kabaja isaaf gad jedhu turan. "Aanga'aan kun nama jabaa akkamiiti? Namuu ni sagadaaf. Eegdotaan marfamee deema. Maal ta'a otoon akka isaa ta'ee!" jedhee hawwe.

□ Akkuma hawwe yeroo booda aanga'aa guddaa ta'e. Konkolaataa baay'ee bareedaa irra taa'ee deemuutti ka'e. Garuu namoonni naannoo isaa akka malee isa sodaatan. Gaaf tokko osoo miillaan deemuu aduun isa gube.

□ Ol jedhee ilaale. Samii walakkaa teessee achii gad ifti. "Aduun kun jabduu akkamiiti? Eenyuunuu otoo hinsodaatiin achii gad ifti, abbaa feete gubdi. Maal ta'a otoon ishee ta'ee!" jedhee hawwe.

□ Booda akkuma yaade aduu ta'e. Uumama hunda irratti ifuu eegale. Garuu duumessi ifaafi ho'a isaa dhorkuu akka danda'u arge. "Duumessi jabaa akkamiiti? Humna guddaa qaba, Maal ta'a otoon isa ta'ee!" jedhee hawwe. □ Itti fufuun duumessa ta'ee dirreewwaniifi gandeem jiran hunda guute. Garuu ammas humni guddaan isa dhiibuufi bittimsuu danda'u tokko akka jiru bare. Qilleensa ture. "Qilleensi kun jabaa akkamiiti? Humna guddaa qaba. Maal ta'a otoon isa ta'ee!" jedhee hawwe. Qilleensa ta'uuf fedha guddaatu itti dhaga'ame.

□ Maarree ammas akkuma hawwe qilleensa ta'e. Bantii manneen namootaafi biqiloota buqqisuu eegale. Garuu wanti humna isaa gararraa ta'e, kan tole jedhee isaaf hinsochoone tureera.

□ Hammamuu dhiibu dhagaa bakkaa kaasuu hindandeenye. "Dhagaan kun jabaa akkamiiti? Humni isaa ajaa'iba! Maal ta'a otoon dhagaa ta'ee!" jedhee hawwe. Dhagaa ta'uutu itti bareede.

□ Hawwiin isaa milkaa'eefii dhagaa ta'e. Wantota addunyaa kana irra jiran hunda caalaa humna-qabeessa akka ta'e yaade. Garuu gaddumii (madooshaa) guddaan humnaan otoo isa rukkutuu arge. Ni caccabe. "Ana caalaa humna kan qabu eenyu? Eenyu kan rukkutee akkanatti na caccabse?" jedhee ilaale. Nama dhagaa soofu of biratti arge!

□ Namichi kun jalqaba nama dhagaa soofu ture. Garuu hojii isaatti hinguufne. Itti gammaduu hindandeenye. Kanaaf wantota hedduu ta'e. Garuu dhuma irratti dhufee, humna dhagaa caalu kan qabu nama dhagaa soofu ta'uu arge.

□ Hojii ofiitti quufuufi itti gammaduun umurii ofii qisaasessuu irraa nama oolcha. Baay'een keenya otoo akka nama biraa taanee jireenyatti gammadna jennee yaadna. Dhugaan isaa garuu akkana miti. Kan keetti hingammaddu taanaan akka namaa hawwituu yoo taates gammaduu hindandeessu. Ammas kan biraa hawwita. Waan ni caala jettu faana fiiguu eegalta.

□ Kanaaf hawwii kee daangessi. Fedhiin daangaa hinqabne dhukkuba. Wanta qabdutti gammadi. Hojii kee jaalladhu, ittiin booni!

Ogeessaa ta'i! Miirakees too'adhu! Akkata dubbi kees tolfaadhu!

□ Bakka kamittu miirakee too'adhu! miirri too'anna hin qabneef dubbiin adaaba hin qabnee balaa keessa nama buusa. Namoonni miirri isaani qabbaana hin qabne waan hundumaaf ni aariifatu. Araabni akkata dubbii qajeelche hin beeknes haasaa nuuffisiisa haasa'a.

□ Kanaafuu miiroonni kee too'annakee jala akka jiraatan taasiisi! miirakee geggeessi malee miirakeen hin geggeeffaamin! Akkasumaas, dubbii araabakee qajeelchi! haasa'u dura maal akka haasoftuf akkamittin haasa'u akka qabdu itti yaadi!

□ Baayye haasa'anif dhaggeessifatu miti. Waan gaarii dubbaatanifi yaada ofii karaa ogummaa ibsaatanin dhaggeeti argatu. Kanaafuu gowwaa hin

ta'in! namni goowwaan baayyee haasa'us haasaa gatii hin qabne haasa'a waan ta'ef dubbinsa hundinuu goowwummasaa mul'isu.

□ Dubbii hin taane baayisuun afaankee keessaan Namoonni hamma sammuukee akka baraan hin godhin! Nama hubata ogummaasatin, nama goowwaa immoo dubbii goowwummaa isaatin beeku. Yoo nama dubbii qajeelche dubbatu taate immoo eenyunu amansiisu ni dandeessa! Kun ogummaa keessa argama

Romeofi Juliet taana!!!

□ Dubartiin tokko karaa irra osoo deemaa jirtuu mucaa tokko duubaa ishee fiigu dhageessee garagalte. Innis Akkana jedheen "Ani dhugumaa bay'een sii jalaadhe, bareedinaa dubartii hundaa guteeta, Dhugumaa bay'ee sii jalaadhe" jedheen □ Isheenis kolfitee "hiriyyaa Koo isheen sii duubaan jirtuu ana caalaa bareeddi akkasumas ana caalaa kan dubartii tatee tokkon qaba" jetteen. □ Innis garagalee ilaalee garuu dubartii tokkollee hin argine "Eessa jirti?" jedheen. Isheenis "Osoo na jaalattee kan biraa hin barbaaddu turte" jettee karaa ishee itti fufte. □ Namnisababatokkoon si jaalate sababa biraatiin si dhiisa. Inni sabaaba maaliif akka si jaallatu hin beekne, yoomiyyuu si jaallata.

Gorsa Yaadaa fi Tasgabbii Sammuuf

□ Waa hunda dura ofiif bakka laadhu kan sirra sitti aanu waan hin jirreef!

□ Of beeki kan sirra sibeeku waan hin jirreef

□ Namni kaayyoo ofi beeku jaalalan hin kufu kaayyoo ofi galmaan ga'uuf kufa malee!

□ Beekaa jechuun nama dogoggora ofii ofirratti beekke irraa of sirreessuudha!

□ Lukaan qixxeessuuf kophee muran malee, kopheen qixxeessuuf luka hin muran!

□ Moo'uu jechuun 1ffaa bahuu qofa osoo hin taane, jijjiiramas agarsiisuudha!

□ Barachuu jechuun barumsa keessa darbuu Osoo hin taane, barumsi nama keessa darbuudha!

□ Barumsa barattee yoo qoramtu, jireenya Immoo qoramtee baratta!

□ Nama sisobu wajjiin gammaddee kolfuu, Irraa nama dhugaa sitti hime wajjiin gadditee boohuu siif wayya !

Namni carraa gaarii qabu osoo bishaan galaana keessatti darbanii yyyu, Qurxummii afanitti qabatee keessaa baha!

□ Hiyyeessa jechuun nama qarshii hiyyoome Osoo hin ta'in nama sammuu hiyyoomeedhaa!

□ Obsi guddaan dhagaa yoo affeelu, aariin xinnoon bishaan bobeessiti!

□ Yeroo tokko, tokko gammachuun guyyaa tokko gadda waggaa tokkootti jijjiirama!

□ Nama kabajuun mallattoo sodaa ykn luglummaa osoo hin taane, bilchina sammuu fi dandeettii fageessanii yaaduuti!

□ Jireenya kee fooyyessuudhaaf yaaliidhaan shaakala ati taasiftu keessatti kufaatiwwan si mudatan kufatii osoo hin taane, akeektuu galma gahiinsa yaalii keetiiti!

□ Addunyaa kana irratti Harreen akka Namaatti yaaddu jiraatuu baattus, namni akka Harreetti yaadu hin dhabamu!

□ Akka addunyaatti yaadii, akka naannootti hojjadhu!

□ Dhalli namaa wanta haara argannoodhaan Yoo uumu (kalaqu) kan nama gammachiisu yoo ta'u, garuuOfi isaatii uumamuu (kalaqamuu) yoo irraaffatu immoo kan nama gaddisiisuudha.

□ Kan nama qaanessu ba'aa guddaa sammuu irratti baachuu osoo hin taane, sammuu hin yaanne baachuudha!

□ Yoo rakkoon wahii si mudate rakkoo si Mudate saniif yaaduu osoo hin taane, akkaataa rakkoo si mudate san keessaa itti baatu yaaduu qabda!

□ Osoo dhugaan kophee hin godhatin, dharti addunyaa naannofti!

□ Mucucaattee dugdaan yoo kufte balleessaan kee ta'uu kan hin dandeenye yoo ta'u. Balleessaan kee ta'uu kan danda'u kuftee yoo acitti hafteedha!

□ Sareen yeroo hunda duttu akka hin birmanneef of gooti!

□ Kan nama nyaatu dukkana osoo hin taane,wanta dukkana keessa jiruudh

"Addunyaan kun mo'attoota baayyee qabaachuudhaa baattus, deggertoota warra mo'ataniin uwwifamtee akka isheen jirtu an argeera!"

□ Jireenya addunya kanaa mo'achuun kan danda'amu qabsoo jireenya mo'achuuf godhamu qofaan miti. Sabaabnisaa, namni baayyeen karaa isaaf hin galiniin akka namoonni yaalanitti jireenya yaalanii kufan. Kaan immoo akka warri kaan mo'anitti mo'uuf osoo yaalanii mo'amuu garmalee mo'aman. Kanaaf jireenyi kan mo'amtu namoota mo'an fakkachuuf yaaluun miti. Jireenyi kan mo'amtu namoota mo'ataniif deggersa ta'u keenyan miti. Jireenya of taatee; Waaqayyo isa nama moosisuu immoo dhugaatti amanattee; hubannaafi ogummaan geggeeffaamte erga dirqaama kee baateen booda moota. Kanaan ala moo'ichi argamu tokko illeen jira jedhe hin amanu

□ Guyyaan kaleessa jedhamu osoo jiraachuu baatee guyyaan har'aa jedhu hin jiraatu ture; har'ii itti fufee waan hin jiraanneef guyyaan inni itti aanu immoo bor jedhamee waamama. Dandeetti keenyaan osoo hin taane dandeetti qajeelfama seera uumaafi uumamaa gidduu jiruun guyyoonni jijjiiramu. Uumama uumaan bulu kana keessa dhalli nama isa sammuu geggeessummaafi dandeetti geggeessummaa olaanaa qabuudha.

□ Osoo dhalli nama dandeetti isaa hundumaa waan gaarii hojjechuudhaaf oolcheera ta'e; silaa yoona addunyaan kun ishee amma jirtu kana fakkachuu dhiisu malti jedhen amana. Summit ajjeesu dhalli nama itti yaade hojjeten; meeshaa waraana isa dhalli nama yaalii baayyeen booda qopheessen; xuraawwa washable kan dhalli nama itti fayyadamuuf qopheesseen addunyaan kun waan argatte qabatullee inni isheen dhabde ni caala.

□ Miiltoo ta'e wal sobuun; jaallachaa wal miidhuun; namni nama f yaaduu dadhabuu dachee kana waan ishee dhabu hin qabne ishee dhabsiise, waan barbaachiisa itti hir'iseera. Miiltoon soba baayyeen immoo nama duukaa waan hin faganneef yommuu nama wajjiin imala kaayyoo eegalu namatti ho'isa.

□ Lafa kana irra amma jiraatutti namni sitti hoo'iseef sitti ho'a taanaan; sitti qorruuf akka jiru dagachuu hin qabdu. Sabaabnisaa, miirrikee namaan ho'e namaan qabbaana'a. Jireenyakee keessatti namoonni baayyeen deggeraa malee miiltoo siif ta'u hin barbaadan. Sabaabnisaa, miiltoonkee gatii baasu qaba, deggeraankee garuu harkumaa si jajjuuf guyyaa milkaa'insakee siif dha'aa tureen guyyaa kufaatiikee immoo maddii qabatee siif gadda.

□ Kanaaf jireenya nama kaayyoo keessatti deggeraa osoo hin taane miiltoo raakko isa hirmaatutu isa barbaachisa. Jajuun namaa miiraan waa hojjechuutti yoo nu kaase hojii keenya sana gaabbiin xumuruuf deemna. Kanaaf jajuufi tuffachuu namaatiin hojii hojjechuu qabnu irratti dhiibbaan uumamu hin qabu.

"Nagaafi gammaachuu dhalli nama argachuu barbaadu hundumtuu bu'aalee dhiifama gaafachuu fi dhiifama gochaa irra argamaaniidha"

□ Jireenya keessatti namni yaadaan wal dhaaba; walitti bu'a; wal gaddisiisa; wal miidhas. Kana hundumaa kan itti yaadanii godhan namoota muraasa qofa malee isaannkaan osoo hin beekin raawwatu. Isaan sun gochaa isaanii sanaaf dafaanii gaabbu.

□ Itti yaadanii kan nama miidhaan immoo namoota ofitto qofa. Isaan ofii isaaniitiif qofa jiraachuu waan barbaadaniif gammachuuti jiraachuu nama iyyuu ni gaddu.

□ Ofiif qofa qabachuu waan barbaadaniif qabeenyi nama kan biraan nagaa isaan dhorka. Isaan kun warra seexanni yaada garaa isaanii micciree hojii isaatiif oolfate qofa.

□ Hammam yoo nama miidhaa jiraachuu isaani beekan illee dhiifama gaafachuuf garuu qophii miti. Isaaniif dhiifama gaafachuun moo'amudha. Isaaniif dhiifama gaafachuun gad-aantummaadha. Sun immoo kan dhufu hiika dhiifamaafi gatii isaa beekuu dhabuu isaanii irraati. Isaan kanaan ala kan jiran immoo namoota akka tasaa osoo itti hin yaadin nama miidhaniidha. Bakka kanatti miidhamaan lamaan isaaniiti. Inni tokko miidhamuu isaatiif yommuu aadu; inni biraan immoo alangaa gaabbii dogoggora uumeetiin reebamee aada.

□ Boqonnaniifi nagaan lamaan isaanii kan jiru dhiifama gaafachuufi dhiifama gochuu keessa. Inni dogoggoraan miidhee akkumaa dogoggora isaa beekkeen deemee namicha dhiifama gaafatee nagaa ta'a; gammachuun isaas guutummaatti deebi'aaf. Inni miidhame immoo balleessera jechuu nama isaatti balleeseetiin, ceephoo, gad-aantummaa fi kulkulfaanna miidhama sana keessa ba'a. Sanaan booda innis nagaa ta'a. Gammachuus qabaata.

Boqonnaa Lama: Xurree Seenaa Namoota Beekamoo

Seenaa

□ Seenaa

Seenaan adeemsa namootni ittiin taaatee woyii dholoota barsiisuuf olka'aniidha. Seenaan kun bifa lamaan olka'amu mala. Inni tokkoffaan bifa afoolaatiin yoo ta'u kan biraan ammoo bifa barreeffamaatiin ta'uu isaa yaadachuun barbaachisaadha. Eeyyen seenaan taatee bifa darbii darbootiin dhalootaa dhalootatti daddabarfamuti.

□ Yoo dhalootni seenaa wal harkaa fuudhee daddabarsu dhibe, seenaan ni dhokata. Seenaan barnoota idileenis ni baratama. Seenaan dhokate tokko yeroo woyii yoo nama barbaachise ammoo barbaadamee baareffamuus ni mala. Seenaan akkaataa namni seenaa himu dhalootaaf itti dabarsuu fedhe ta'ee ibsama. Seenaan nama barreesse fakkaata inni jedhamus kanumaafi.

□ Seenaan yoo jallisan ni jallata. Yoo qajeelchanis ni qajeela. Yoo tuffatan ni tuffatama. Yoo faarsanis ni faarfama.
Komii kee Hir'isi; Daandii Milkaa'ina Jalqaabi!

□ Komiin-maaf akkas naaf gochuu didde, yookaan maaf akkas naaf ta'uu didde jedhanii namatti mufachuudha. Mufiin kunis jechootaa fi miiraan ibsamuu danda'a. Haa ta'u malee nama komatame sana keessatti miira gaarii hin uumu.

□ ShivKheran kitaaba isaa "You Can Win" jedhu keessatti akkas jedheera, "namni kamuu 95% waa'ee mataasaa yaada" jedhe. Maarree jaaloo nama osuu 95%waa'ee mataasaa yaaduu 5% hafte sanarratti yeroo tokko si yaadateef ajaa'ibsiifannaa guddaa gochuu dhiiftee akkamiin komatta?

□ Namni waa'ee mataasaa waan yaadu waan danuu qaba. Atillee waa'ee kee waan danuu waan yaadduuf komiitti seente. Komiin mallattoo of jaalattummaa yookan ofummaati. Jaaloo komii kee hir'isi Daandii milkaa'ina eegali. Komiin fira gargar fageessa. "Kokkomattuuf qoqqorattuun fira hin qabdu" jedha Oromoon yeroo mammaaku.

Jaaloo komii kee hir'isi Daandii milkaa'ina eegali.

Kutaa kana kessaatti

- Seenaawwaan barsiisoo
- Gorsaa
- Dhangaawwaan Xurree namoota milkaawoofi
- Eertuuwwaan Namoota wajjiin ilaala

□ Yeroo ammaa kana keessatti daa'imman umrii xiqqaan 'inventor' dhimma gurguddaa ta'anii addunyaa raajeffachiisaa jiru. Namni isin suuraa irratti argitan kun Thomas Suarez jedhama.

□ Thomas Suarez amma umriin isaa waggaa 24 yoo ta'u Yuunivarsiitii Georgia Tech-tti barataa computer Science ti. Barnoota isaa keessattis Hardware enineering fi software enigneering barataa ture. Thomas Suarez umrii isaa xiqqaa waggaa jaha irraa kaasee programming Language Python, java fi C ofii isaatiin shaakalaa ture. □ Thomas Suarez yeroo kutaa 6ffaa baratu fi yeroo umriin isaa waggaa 12 ta'etti iphone app 'Earth fortune' jedhu kalaqe. Haaluma walfakkaataan mobile app game 'Bustin Jieber' kan namoota danuudhaan jaalatames kalaqe.

Thomas yeroo ammaa kanatti 'Revolutional 3D printing' kan harka 15 printer isa duraan jirurra caalu kalaqe. Thomas Suarez akka jedhetti koodii namoonni biroo barreessan kompiitara isaarratti fudhatee RUN gochuudhan adeemsota jiran qayyabachaa gara waan haaraa kalaquutti dhufe.

□ Thomas Suarez Intarviwuu bara 2012 godhameefirratti akkas jedhe, "Yeroo ammaa kana gama teeknooloojiitiin barattoonni barsiisota isaanii ni caalu".

□ Thomas Suarez akka ragaatti fudhachuudhaanis gareen qorannoo sammuu daa'immanii akka ibsetti daa'imman gargaarsa tokko malee ofii isaaniitiif waanta barbaadan baruu akka danda'anidha.

□ Thomas yeroo amma kanatti kaampaanii mataa isaa 'TOM CAT CARROT' kan jedhamu 'app club' kan ta'e abbummaan gaggeessaa jira. Thomas Suarez yeroo egeree isaa gaafatamettis Programmer cimaa ta'uu akka danda'u, app club isaa akka jabeessuu fi Android irratti gahusa olaanaa gonfachuu akka barbaadu dubbate. Thomas Suarez Biliyoonara addunyaa kana gara fuulduraa jedhamee yaadama.

□ Irraa haa barannu!!

□ "Addunyaan garamitti imalaa jirtii? Daandiiwwan milkaa'inaa maal fa'i? Dhaloonni milkaa'an maal maal hojjetaniituu? "Baay'ee ciisaa fi taa'aa turreerra. Yeroo kanattimmoo deemuu qofaan nun baasu. Kanaafuu fiiguu qabna "Dr Abiy Ahmed" Daa'imman keenya umrii xiqqummaa isaaniitti maal shaakalchiifnaa? Hanna? Lola? Jibba? Dhibaa'ummaa? Haaloo? Akka saayikooloojiin jedhutti sammun nama kamiyyuu umrii waggaa 15 olitti guutummaan guddinasaa ni dhaaba jedha.

□ Kana jechuun akkuma waan bona olkaa'an ganna itti fayyadamu jedhan sana, sammuu umrii waggaa 15 gaditti guddate sanatti fayyadamaa jirra jechuudha.

□ Yeroo umriin kee waggaa 15 gad turetti sammuu kee maal fa'iin leenjisa turte? Haa ta'u! Amma garuu daa'imman kee teeknooloojiitti leenjisi. Saayinsiitti leenjisi. Yoo akkas goote INVENTOR biyya kanaa keessaa daa'imni kee tokko jechuudha. Kana hin gootu taanaan garuu duubatti hafumaa biyya keetii fi dhaloota keetiif dhagaa bu'uuraa keessee dabarta."

Oprah Winfrey

□ Oprah Winfrey (1954 –) Keessummeessituu sagantaa haasawa, dhiibbaa uumuu, barreessituu, tola ooltuu, taphattuu filmii fi nama miidiyaati. Oprah Winfrey jireenya Ameerikaa ammayyaa keessatti gahee olaanaa taphattee jirti, kessaattu adeemsa aadaa bocuu fi kaayyoowwan bilisaa adda addaa guddisuudhaan. Qophii haasawaafi kitaabota isheetiin dhimmoota dubartoota Ameerikaa mudatan hedduu irratti xiyyeeffatee hojjeete jirti, jirtis.

□ Dubartoota gurraachota Ameerikaatif fakkeenya guddaa taatee, gufuulee ijaan hin mul'anne hedduu cabsiteetti.

□ "Adventure guddaan ati fudhachuu dandeessu jireenya abjuu keetii jiraachuudhaan." jeetti –Opraa Wiinfrii.

Oprah Winfrey Kosciusko, Mississippi keessatti dhalatte. Warri ishee gaa'ela kan hin qabnee turaan. Opraan ijoollummaa isheeti rakkoo guddaa qabdi turte. Hiyyummaa guddaa keessa kan jiraattu si'a ta'u, yeroo baay'ee kiisha isheetti boqqolloo qicaachuun gara mana barumsaatti imaaltu ufachuu isheetiin yeroo imaaltu kan itti qoosamu uffachuu qabdi turte. Umurii ishee xiqqaattis miidhaa saalaa irra gaheera.

□ "Madaa keegara ogummaatti jijjiiri."jeetti –Opraa Wiinfrii

□ Oprah Umurii waggaa 14 irraa kaasee abbaa ishee bira jiraachuuf deemte. Opraan akka jettutti abbaan ishee cimaa ture, garuu yeroo dargaggummaa isheetti isaaf miira ajajamuu diduu keessa turte. Kolleejjii keessatti Gazeexessummaa erga baraattee booda gaazexeessummaa fi miidiyaa irratti fedhii hojjechuuf jechaa, hojii ishee jalqabaa buufata TV naannoo sanaa keessatti oduu dhiyeessittuu ta'uun argatte.

□ Akkaataan ishee miira sagantaa oduu tokkoo dhiyeessuuf gaarii waan hin tureef gara sagantaa marii qopheessuutti jijjiiramte.

□ Erga Opraan aangoo qophii dhiyeessuu qabattee booda, agarsiisni marii kun gara-The Oprah Winfrey Show jedhamutti geddaramee.

□ Qophiin Oprah Winfrey sagantaa TV yeroo kamiyyuu caalaa milkaa'aa fi baay'inaan daawwatamu keessaa tokko ta'uu mirkaneessee jira. Gufuulee hawaasummaa fi aadaa hedduu kanneen akka dhimma saala walfakkaataa deggeruu cabseera. Opraan dubartootaa addunyaa fi dubartoota gurraachota Ameerikaaf fakkeenya cimaa taatee itti fufteetti. Bifa qunnamtii miidiyaa walitti dhiyeenyaa himannaa waliinii ta'un isheefi kan addunyaa guutuutti fakkeeffame beeksisuun ishee har'aas Oprah'n akka galateefamtuu ishee godheera.

Waggootadhiyoo asitti agarsiisni Oprah Winfrey dhimmoota garaagaran of Fooyyessuun, hafuuraa fi of gargaaruu irratti xiyyeeffatee jira.

□ Kan AJAB nama jechisiisuu immoo Nyaanniis dhimma guddaa ta'ee ture sabaaba Opraah yeroo tokko milkaa'inaan ulfaatina qaamaa baay'ee hir'isuu isheetini. Kitaabni haala nyaataa ishee irraatti barreeffame kooppii miliyoonaan lakkaa'amun gurgurame jiraa.

□ Oprah Winfrey kitaabota hafuuraa hedduu beeksisteetti, isaanis gama itti gaafatamummaa jireenya fudhachuu irratti kan xiyyeeffatanidha – bu'uuri kitaabota kunis haala jireenya jijjiiruu osoo hin taane, akkaataa jireenya ittin ilaaltu jijjiiruudha.

□ “Umurii kootti wanti ani baradhe, jireenya kootiif itti gaafatamummaa akkan qabu ture. Akkasumas akkuma hafuuraan caalaatti dammaquun

ofii keenyaaf itti gaafatamummaa akka qabnu, akkaataa ittiin yaadnu fi hojjeenu dhugaa mataa keenya akka uumuus baradhee jira.

□ Atihaala kee waan hin taaneef, Appartaayidii, warra kee komachuu hin dandeessu. Ati carraa keeti. Kana yoo beekte waanuma fedhe gochuu dandeessa.” Jeetti oprah winfrey

□ Dabalaatanis Dhaabbileen miidiyaa garaagara Opraah dubartoota ofiin of tolchuun dureeyyii ta'an keessaa tokko taasiseera. Tarreen dureeyyii idiladdunyaa Foorbis bara 2004 hanga 2006tti Opraah Wiinfriin biliyeenara Dubaartii gurraacha addunyaa qofa ta'uu fi seenaa addunyaa keessatti biliyeenara dubartii gurraattii jalqabaa ta'uu tarreessee jira.

□ Bara 2014tti Opraah Wiinfriin qabeenya doolaara biiliyoona 2.9 ol qabdi.

□ Kilabiin kitaabaa Oprah Winfrey kilaboota kitaabaa addunyaa jiraan keessaa dhiibbaa guddaa geessisuun maqaa qaba. Gorsii Oprah Winfrey irraa kenname yeroo baayyee kitaabota tarreewwan gurguraman keessaa isa olaanaatti erga. Yaada kennitoonni hedduun Opra Winfrey dhiibbaa guddaa akka qabdu irratti walii galu.

□ Gariin deeggarsi isheen Baaraak Obaamaa filannoo bara 2008 irratti taasiftee sagalee miliyoona tokko ol argachuu isaaf akka isa gargaarte tilmaamaniiru.

□ Vanity Fair waa'ee Oprah Winfrey akkanaa jette:

“Opra Wiinfriin tarii Phaaphaasii malee, pirezidaantii yunivarsiitii, nama siyaasaa ykn geggeessaa amantii kamiyyuu caalaa aadaa addunyaa kana irratti dhiibbaa akka qabdu falmisiisaadha”

□ Kana malees Opraah Wiinfriin pirezidaantummaa Doonaald Tiraamp qeeqaa kan turte yoo ta'u, yeroo adda addaatti Dimookiraatic ta'uun pirezidaantii ta'uuf dorgomuu akka dandeessu akeekkachiistee turte.

□ Haata'u malee, boodarra ilaalcha ishee qulqulleessuun, dorgommii pirezidaantii ta'uu kessaa seenuun ishee waan hin oolle ta'uu dubbaatti “Yeroo hunda waanan gochuu danda'uu fi waanan hin dandeenye

beekuudhaan ofitti amanamummaa fi ofitti gafaatamummaa guddaan natti dhaga'ama ture," jechuun barruu tokkoof himteetti.

□ Ta'us booda irraatti yaada ishee jijjiruun "Waan na hawwatu miti. DNA isaaf ta'u hin qabu." Jeti.

Wabii

□ Toora inteerneta

□ Kitaaba Sansakkaa Sakaalame

□ Fuulafacebook fi Telegram Abdiisaa Ejjetaa

□ Amajjii Gammadoo

□ Kitaabile barreessaa Ebisaa Baay'isaa

□ Barreefamotaa Abebe Tola

□ kitaaba "MOO'AMEHINGALU"DiittaaHuseen Abdurrahiimi

barreeffamee!

□ Barreefamota Barreessaa WameraanToleeraa Bantii

Harlin-Fullee Hegeree ni argattu

Barreessan barataa Universit Odaa bultum waggaa tokkoffaa Nesru Michael kasim

Dogongoraafi rakkoon dhala namaarraa muldhata kanaaf anis niin dogon gora na gorsuu barbaachisaadha

<https://Nasrumikail.wordpress.com>

<https://nasrumikail.news.blog>

+251707069450

+251923502787

Nasrumikail@gmail.com

hinsene2024@gmail.com

rammis910@gmail.com

IMALAKOOTI.....NASRU MIKA'IL